University Hospitals

Cleveland | Ohio

# Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa

Hospitaala Yuunivarsiitii keessatti, haaloota maallaqa dhuunfaa isaanii malee namni hunduu walqixxa kan kabajamu, fi sababa tajaajiiloota kaffaluu hin dandeenyeef namni kamuu kan hin didamne yookiin yeroo balaa tasaa yookiin kunuunsa yaalii barbaachisu kan itti hin tursiifamne dha.

Ati yoo barbaachisummaa seera qabeesummaa maallaqaa kan guuttuu ta'e, gatiin yaalii kee balaa tasaa yookiin kunuunsi yaalii barbaachisaan muummee hospitaalaa UH keessatti siif taasifamu haaluma Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa UH jalatiin kan isiiniif hir'atu ta'a.

## Seera qabeessummaa Gargaarsa Maallaqaa

Ati tarii gargaarsa maallaqaaf seera qabeessa kan taatu yoo jiraataa Kaaba Ohio taate, dhaabbilee UH keessatti hirmaatan keessaa tokkootti kan kunuunsa argatte yoo ta'ee fi:

- Inshuuraansii fayyaa kan hinqabne; yookiin
- Akka baasiiwwan yaalii dhiibbantaa galii maatiitiin murtaa'een kan walaansaaf kanfalachu hindandeenye taate; yookiin
- Kan Inshuraansii fayyaa fi galii maatii waggaa Qajeelchaawwan Hiyyummaa Federaalaa parsaantii 0-400 qabdu ta'e. (Kana murteessuuf gorsaan maallaqaa si gargaaruu danda'a.)

| Gargaarsa Maallaqaa-Kan inshuuraansii hin qabne, inshuuraansii jala kan ta'ee, fi inshuuraansii kan qabu* | | |
|---|---|---|
| Qajeelfama Hiyyummaa Federaalaa | 0 – 250% | 251 – 400% |
| Gatii gadi bu'aa | 100% | AGB[1] |
| **Hiyyummaa Qoriichaa[1,2]** | | |
| Qajeelfama Hiyyummaa Federaalaa | 401 – 600% | ≥ 601% |
| Itti Gaafatamummaa Ol'aanaa akka Dhibbeentaa Galii Maatiitti | 10% | 15% |

**Waa'ee tajaajilawwan hospitaala UH keessatti hirmaatuu fi giddugalawwan fayyaa irratti odeeffannoo dabalataa UHhospitals.org/Financial Assistance irraa argachuu dandeessu.**

[1] AGB: Maallaqa Waliigalatti Kaffame. UH'n AGB balaa tasaa caalaa yookiin kunuunsa yaalii barbaachisu biroo dhukkubsattoota gargaarsa maallaqaaf yookiin deeggarsa qoriichaatiif gahuumsa qabaniif taasifamuuf gonkuma hin kanfalchiisu.

[2] Dhukkubsatoonni tarii kan gargaarsa maallaqaa walakkaa guutan, yoo kan baasiiwwan qoriicha isaanii parsaantii galii maaatii isaanii armaan oliitti tarreefame kan caalu ta'usaa agarsiisuu danda'an ta'edha. Odeeffannoo dabalataaf gorsaa gargaarsa maallaqaa qunnamaa. Dhukubsatoonni imaamata kana jalatti hir'ifama gatiitiif akka hammataman barbaadanis galme galii, bakka jireenyaafi baasii walaansaa fudhatama qabu yeroodhaan dhiyeessuu qabu.

## Akkaataa gargaarsa maallaqaa itti iyyachuu dandeessan

Uunka Gargaarsaa Maallaqaa guutuun akka uunkaa sana irratti agarsiifameetti galchuu qabda. Akka maallaqawwan qorichaa kee to'achuuf si gargaarruuf iyyata kee daftee akka galchiitu si jajabeesina. Iyyatichii gargaarsa maallaqaa tajaajila itti argatamees dirqama kan galuu qabu, tajaajila fudhatteef nagahee argattee guyyoota 240 keessatti ta'u qabaata.

Akkasuma UH'n gargaaramuuf seera qabeessaa fi kan sadarkaa gargaarsa maallaqaa guuttu ta'uu kee akka murteessuuf odeeffannoo dhiiyeessuun si barbaachisa. Odeeffannoon kun kanneen armaan gadii of keessatti qabachuu danda'a:

- W2s
- Qabxii liqii
- Ibsa haala yeroo yookiin qaraxa federaalaa deebi'u
- Ibsa baankii
- Isliippii mindaa

Yoo ati gargaarsa maallaqaaf kan hin malle taate, tarii akka dhimmi kee karoora filannoowwan kaffaltii UH tiin murtaa'uuf gorsaan maallaqaa gaafachu dandeessa.

## Akkamiin Uunkaa fi kooppii Imaammata Gargaaarsa Maallaqaa bilisaan argachuun akka danda'amu

Iyyata Gargaarsa Maallaqaa guutuun akkasumas fudhachuun yookiin karaa itti aanuun akka koopppiin bilisaa sii ergamu gaafachuun waa'ee Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa UH odeeffannoo argachuu dandeessa:

**Kallattiin argachuu fi maxxansuuf:**
UHhospitals.org/FinancialAssistance

**Karaa bilbilaa argachuuf:**
**Gorsitoota Maallaqaa**
**866-771-7266** bilbilaa
Wiixataa hanga Jimaataa 9 AM hanga 4 PM EST.

Yaalamtoonni **UH Lake West Medical Center yookaan**
**UH TriPoint Medical Center** tti tajaajila fudhatan
**440-602-6682** tiin quunnamuu dandeessu.
Wiixataa hanga Jimaataa 9 AM hanga 4 PM EST.

## Tajaajiiloota Turjumaanaa

Ati yoo odeeffannoo gargaarsa maallaqaa yookiin Ingiliffa alatti afaan biraatiin iyyachuu barbaaddee, adaraa akkaataawwan armaan oli keessaa tokkoon nu qunnami.

© 2017 Hospitaalota Yuunivarsiitii COM 00442 808672